# Namtichi tokko qiyaamaa irraa akkas jechuun nabiyyii gaafate -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-qiyaamaan yoomi? nabiyyiinis ni jedhani: «maal qopheessiteef

Anas irraa akka odeeffametti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkas jedhe: Namtichi tokko qiyaamaa irraa akkas jechuun nabiyyii gaafate -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-qiyaamaan yoomi? nabiyyiinis ni jedhani: «maal qopheessiteef». homaa jedhe, haa ta'u malee ani Rabbii fi ergamaa isaan jaalladha -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-, ergamaanis akkas jedhani: «ati nama jaallattee woliini». anasis akka jedhe: akka jecha nabiyyii -Rabbii rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- «ati nama jaallattee woliini» jedhuun gammannetti woma tokkoon gammannee hin beeknu, anas eegasii akkas jedhe: anis nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- abuu bakirii fi umarii nan jaalladha, jaalalan isaan jaalladheen isaan woliin ta'uu hawwa, yoon hojiiwwan akka isaanii hojjachuu dhabellee.
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Namtichi baadiyyaa tokko worra barahaa keessa jiraatu irraa kan ta'e yeroo qiyaamaan itti dhaabbattu irraa Nabiyyii gaafate? -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hojii gaarii irraa maal qopheessiteef? jedhaniin namtichi gaafates akkas jedhe: hojii guddoo hin qopheessineef jaalalan Rabbii fi ergamaa isaa jaalladhu malee, sanaan ala ibaadaa qalbiii, qaamaa fi qabeenyaa tokkoyyuu hin dubbanne; hundi isiituu damee jaalalaa kan isii irratti hundooftu waan taateef jecha, akkasumas jaalalli dhugaa hojii gaari hojjachuuf tattaafchuutti nama kakaafti waan ta'eef jecha. Nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ati jannatta keessatti nama jaallattee woliin taata isaan jedhani. Sahaabonni Nabiyyiis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gammachiisa kanaan gammachuu guddaa gammadani. eegasii Anas akka Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Abuu bakirii fi Umariin jaallatu hime, hojiin isaa akka hojiiwwan isaanii ta'uu baatullee isaan woliin ta'uus akka hawwu hime.